Gaaffilee shakaallii Barnoota Mala Baruu Barsiisuu Aartii IV(TeAr-322)

Ajaja I. **<u>Gaafilee armaan gadiitiif deebii sirrii ta'ee filachuudhaan deebisi.</u>**

1. Filannoo armaan gadii keessaa akkaata hojii moodelii dhagaa tartiiba ittin hojjeetamuudha.
   A. Dhagaa hoofii qopheessuu.
   B. Qaama dhagichaa bocanii wal qixxeessuu
   C. Foormii barbaadaamu irratti hojjachuu.
   D. Hundinuu sirri dha
2. Filannoo armaan gadii keessaa bobbooca mala salphaan hojeetamu keessaa sirrii kan ta'e kami?
   A. Bobbooca Dhagaa
   B. Bobbooca Mukaa
   C. Bobbooca waraqaa
   D. Bobbooca Jessoo
3. Kanneen armaan gadi keessaa kan kaayyoo dimshaashaa fi ogummaa yeroo dheeraa barumsa bal'aa keessa darbuun mul'isu kami?
   A. Kaayyoo gooroo
   B. Kaayyoo gooree
   C. Madda kaayyoo
   D. Kaayyoo barnoota
4. Jechoota armaan gadii keessaa kan kaayyoo ***gooroo***ibsu kami ?
   A. ni ibsu
   B. ni tarreessu
   C. ni barreessu
   D. ni madaalu
5. Filannoo armaan gadii keessaa kan kaayyoo ***gooree*** ibsu kami?
   A. ni hubatu
   B. ni qayyabatu
   C. ni ibsu
   D. ni xinxaluu
6. Hima kennamerratti hunda'uun, kan***<u>jijjiirama amalaa</u>*** mul'isu kami?

"Barattoonni barnoota kana erga baratanii booda, faayida mala baruu barsiisuu ni hubatu"

   A. ni hubatu
   B. faayidaa mala baruu barsiisuu
   C. barattoonni barnoota kana erga baratanii bood
   D. kan jijjirama amalaa agarsiisii hin jiru
7. Hima armaan olii keessatti kan***<u>qabiyyee</u>*** agarsiisuu kami?
   A. Barattoonni barnoota kan erga baratanii booda
   B. ni hubatu
   C. faayidaa mala baruu barsiisuu
   D. D)deebi hin qabu
8. Kaayyoon gooree yeroo barreeffamu ulaagaalee guutuu qabu keessaa:
   A. kan dawwatamuu ta'uu qaba.
   B. fudhatamu danda'uu
   C. fedhii fi hawwii barattootaa guutuu
   D. Baratamu danda'uu
9. Meeshan deeggarsa barnoota yeroo qopha'uu maltu hubannoo keessa galuu qaba?
   A) Ifaa fi kan mul'atu ta'u qaba
   B) Of ibsuu danda'uu qaba.
   C) Mata-duree baratamu irratti hunda'uu qaba
   D) Hundu deebii dha.
10. Tooftaa qabiyyeen barnootaa tokko haala salphaa ta'een sammuu barattootaa keessa lixuu fi akka qabatamu kan dandeessiisuu kami?
    A. Mala odu- ibsa
    B. Mala marii
    C. Mala baruu-barsiisuu
    D. Mala ajajaan barsiisuu

11. Kaayyoon barnootaa:-

A. Beekumsa,ilaalchafi dandeettii barattootni xumura barnootaati ni qabaatu jedhamee yaadamuu miti
B. Beekumsa,Ilaalcha fi dandeettii barattootni xumura barnootaati ni qabaatu jedhamee yaadamuu .
C. Waanta barattootni barnooticha booda rawwaachuu danda'an miti.
D. Deebii hin qabu.

12. Filannoo armaan gadii keessaa akka qaamanegaativaa hin qabanee taasisu kami?
A. Saamunaa B. Jeessoo C. Kollaa D. Hundinuu sirri dha

13. Wantoota armaan gadiitti tarreeffaman keessa kan hojii Peepper maashee hojjachuuf barbaachiisan kami ?
A. Waraqaa
B. Sibilaa
C. Jeessoo
D. Dhagaa

14. Meeshaalee armaan gaditti tarreeffaman keessa kan bobboca hojjeechuuf barbachiisan kami?
A. Biyyoo suphee
B. Muka
C. Dhagaa
D. Hundinuu sirri dha.

15. Bobboca (sculpture) jechuun maal jechuu dha ?
A. Dhomoqsuu (carving)
B. Mummuruu (cutting)
C.Irraa soofuu (engraving)
D.Hundinuu deebii dha.

16. Filannoowwan arman gadii keessaa meeshaalee moodelii jeessoo hojjachuuf barbaachisan kami?
A. Sibila ykn muka
B. Shiboo
C. Vaazilinii
D. Hunduu deebiidha

17. Akkataa hojii moodelii dhoqqee ilaalchise **sirrii kan ta'e** kami?
A. Biyyee hojii kanaaf ta'u filaachuu.
B. Meeshaaleen boca ittiin baasnu qopheesu
C. Biyyoon bukaa'e akka hin goggineef pilaasitikii ykn huccuu bishaan jiisuun itti maruu.
D. Hunduu deebiidha.

18. Kanneen armaan gadii keessa elementoota bobbocaa kan ta'e kami ?
A. Muka
B. Dhagaa
C. Hanga
D. Sibiila

19. Elementoota bobbocaa keessaa iddoo duwwaa naannawaa bobbocaatti argamu ta'ee, handaara bobbocaa kan ibsu kami ?
A. Bakka
B. Qaama Dirraa
C. Boca
D. Vaaliyuu

20. Elementoota bobbocaa keessaa qulqullina dirra foormii kan agarsiisu kami ?
A. Teksiicharii
B. Halluu
C. Vaaliyuu
D. Boca

21. Hojiiwaan bobboocaa bu'uureffachuun kan hin kalaqaamne isa kami ?
A. Midhaginaaf
B. Seenaa ittiin ibsuuf
C. Aadaa ittiin ibsuuf
D. Deebiin hin kennamne

22. Ogummaa bobbooocaa dhaloota kiristoosiin dura biyya kamitti hojjatama ture ***?***
A. Girikiitti
B. Gibxiitti
C. Roomatti
D. Chaayinaatti

23. Biyyoota akka Indiyaa, Chaayinaa, Ameerikaa kibbaafi Afrikaatti bobbocni maalif dhimmi itti bahama ture?
A. Miidhaginaaf
B. Yaadannoof
C. Amantaa fi Siyaasaaf
D. Hunduu deebiidha

24. Filannoo armaan gadii keessaa boca foormii qaama waan tokkoo hojjeechuuf ***fakkeenya ka'aamuun*** irraa ilaalamee hojjeetamu kami ?
    A. Instaaleeshiinii
    B. Soofuu
    C. Moodeelii
    D. Bobbooca
25. Barbaachisumaa meeshaale suphee boca ittiin baasaanii ilaalchisee ***sirri hin taane***kami ?
    A. Bobbooca hojjeetamu boca ittiin baasuuf
    B. Ittiin wal qixxeessuuf
    C. Suphee qaama bobbooca hojjeetamu irratti baayaate ittiin irraa xiqqeessuuf
    D. Deebiin hin kennamne
26. Biyyoota addunyaa dursuun waraqaa bukaa'e /pepper maashee irraa ogummaa aartii hojjechuu jalqabde eenyu ?
    A. Faransaayi
    B. Biyyoota gidduu gala bahaa
    C. Biyyoota baha fagoo
    D. Missiri/Gibxii
27. Yeroo Biyyoonni baha fagoofi baha giddu galeessaa Saayinii, Sanduqaa, Gaachanaa, Eeboo, Goraadeefi kkf hojjata turaan, biyyoonni Awurooppaa hoo maal hojjacha turan?
    A. Doonii
    B. Siidaa
    C. Maaskii
    D. A fi C'n deebidha.
28. Akkaataa hojii Pepper Maashee ykn waraqaa bukaa'e ilaalchise kamtu sirridha?
    A. Waraqaa hojii kanaaf ta'u kukkutuun bishaan keessatti dhoobuu.
    B. Mooqaan kan hojjennu yoo ta'e soogidda itti dabaluun mooqa midhaanii hojjechuu.
    C. Waraqaa bishaan keessatti dhoobame mooqa daakuu /kollaa waliin walitti makuu.
    D. Hundu sirridha
29. Kannen armaan gadii keessa Aartii ogummaa qaamolee waantotaa ***kutuun/hir'isuu*** hojjataamu kami ?
    A. Ogummaa Bobboca Soofuu
    B. Ogummaa Bobboca Baksuu
    C. Ogummaa Bobboca Bocuu
    D. Ogummaa Bobboca Tolchu
30. Ogummaa Bobboca keessa kan***Keessaa Ol kaasuun/Baasuun*** hojjatamu kami ?
    A. Diba halluu
    B. Riliifii
    C. Wixinee
    D. Giraafiksii
31. Bobboca riliifii keessaa suuta suutaan dubduubee isaa irraa adda bahuun hojjatamu kami ?
    A. Riliifii gadi dhidhime
    B. Riliifii Ol Ka'aa
    C. Riliifii Xiqqaa
    D. Hundu deebiidha
32. Bobbocni hojjetamu walakkaa ol naannawaa duubee isaa irraa ol bahee mul'atu kami?
    A. Riliifii Ol Ka'aa
    B. Riliifii gadi dhidhime
    C. Riliifii Xiqqaa
    D. Hundu deebiidha
33. Sararoonni wixinchaa hundi dirra walqixxaataa qaamichaan gaditti kan mul'atufi anqooqanii gadi dhooqsuun riliifiin hojjatamu riliifii goosa kam ?
    A. Riliifii Xiqqaa
    B. Riliifii gadi dhidhime
    C. Riliifii Saankii ykn Intaaliyoo
    D. B fi C'n deebiidha.

34. Elementoota bobbocaa keessaa kan ifa ykn gaaddisa dirra foormichaa ta'e kami ?
    A. Vaaliyuu
    B. Teksiicharii
    C. Halluu
    D. Boca

35. Kannen armaan gadii keessa bobboca hojjetamee qophaa'e tokkotti waantoota dhangala'oo itti buusuun /naquun kan hojjetamu kami ?

A. Bobboca itti dabaluu
B. Bobboca baay'isuu
C. Bobboca bakka buusuu
D. Bobboca hir'isuu

Ajaja II . Gaafilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e barreessi

36. Akkaataa barbaachisummaa isaanii irratti hundaa'uun bobboca bakka garaagaraatti qooduu ni dandeenya. Isaan keessaa Afur barreessi.
37. Wantootafi akkaataa ittin hojjataman irratti hundaa'uun bobbocni bakka meeqatti qoodama ? Isaanis tarreessi.
38. Akkata Bobbocni itti hojjetamuu *danda'u afur*barreessi ?
39. Bobbocni waraqaa ***haala meeqan*** hojjetama ? Isaanis tarreessi.
40. Bobbocni Riliifii dubduubee isaanii irraa qaban irratti hundaa'uun bakka gurguddaa meeqattiqoodama ? Isaanis tarreessi.

Deebii Gaafilee 1-35ffaa									
Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii	Lakk.	Deebii
1	D	8	A	15	D	22	B	29	A
2	C	9	D	16	D	23	D	30	B
3	A	10	C	17	D	24	C	31	C
4	D	11	B	18	C	25	D	32	A
5	C	12	A	19	A	26	D	33	D
6	A	13	A	20	A	27	D	34	A
7	C	14	D	21	D	28	D	35	C

Deebii Gaafii 36ffaa

a. bobboca yaadannoo /statue,
b. siidaa/obelisk**,**
c. bobboca arkitekchraafi
d. bobboca gaardenii /gurden sculpture

Deebii Gaafii 37ffaa

Bakka shaniitti qoodama. Isaanis

1. Bobboca biyyoo suphee
2. Ogummaa bobboca soofuu
3. Assembiliingii (assemblaging)
4. Instaaleeshiinii (Installatio) fi
5. Bobboca Waraaqaa ti.

Deebii Gaafii 38ffaa

Bobbocni haala garaa garaanhojjetamuu danda'a isaan keessa,

1. Soofuu /Carving/ Hir'isuu/ Sabtraction/
2. Baksuu/Welding/ Itti Dabaluu/ Addition/
3. Bocuu /Modeling/ Baay'isuu/ Manipulation/
4. Tolchuu /Casting/ Bakka Buusuu /Substitution/ fi kkf tun hojjatamu danda'a.

Deebii.Gaafii 39ffaa

Bobbocni waraqaa ***haala lamaan*** hojjetama. Isaanis

1. Waraqaa jabaataa mummuruun walitti qabsiisuufi
2. Waraqaa bukaa'e /pepper maashee dha.

Deebii Gaafii 40ffaa

Bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:-

1. Riliifii xiqqaa /gad-aanaa /low /bas –relief
2. Riliifii olka'aa /high relief /alto –relievo
3. Riliifii gad-dhidhime/ bool'te (Intaglio/sunken relief).